# SDOT namoota beellama waldhaansa baraarsuu lubbuu barbaadaniif, Riqichi Lixa Siyaatil ijaarsarra waan jiruuf, hayyama seensa gara Riqicha Spokane St Swing taasifame ilaalchisee piroosasii iyyataa ni eegala.

*Iyyatichas Riistoraantotaa fi Hojjettootni Gurgurtaa Qinxaaboo yeroo weerara dhibee kanaatti rakkoo hamtuu keessa jiran, hojjettootni waldhaansaa waamichi wayita isiniif taasifamu dhiyaattan, konkolaachiftootni gosoota van dabalataa fi shaatilootaa dhuma ji'a kanaatti ni banama. Sa'aatiin guyyoota boqonnaatti hundaaf hayyamamaa ta'e hamma 8 a.m'tti sa'aatiiwwan 3'tiif dheereffamee jira.*

SIYAATIL – Namootni waldhaansa baraarsuu lubbuu barbaadan, hojjettootni waldhaansaa waamichi wayita isaaniif taasifamu dhiyaatan, Riistoraantotni fi Biiznasiiwwan Qinxaaboo, akkasumas namootni vaanota, shuttles or local carpools fayyadaman [gabatee hayyama rideshire kutaa biyyichaatiin kenname qaban] hayyama Spokane St Swing Bridge (low bridge) argachuuf battaluma Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil (SDOT)'tiif iyyachuu ni danda'u.

Hayyamni seensaa kun yeroof yommuu ta'u daangeffamaaa dha. Namootni low bridge kana itti fayyadamuu isaaniin dura iyyata dhiyeeffachuu,

lakk.gabatee hayyama isaanii dhiyeessuu fi Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil (SDOT) irraa hayyama argachuu qaba.

Qajeelchi Geejjibaa Siyaatil (SDOT) namni hundi hayyama seensaa akka argatu gochuuf guyyoota boqonnaatti sa'aatiiwwan dhorkaa low bridge jijjiiraa jira. Odeeffannoon yeroo ammaa akka agarsiisutti sochiin tiraafikaa jiru gad-aanaa akka ta'e waan mul'isuuf, hayyama seensaa dabalataa kennuuf nu dandeessisa.

Yeroo ammaa kana Low bridge konkolaattota hayyama hin qabneef guyya guyyaan barii sa'aatii 5:00 irraa hanga gargala 9:00 'tti cufaa dha. Sambata duraa April 10 irraa eegalee low bridge guyyaa boqonnaatti namoota hundaaf hamma ganama 8:00'tti turtii sa'aatii sadiidhaaf (3'f) banaa ta'ee tura. Daangessawwan guyyaa hojii akkuma duriitti itti fufu.

Riqichi High-Rise (high bridge) Lixa Siyaatil ji'a March bara 2020'tti wayita cufame, cuccufamuu naannichaa sababa jijjiirraa tiraafikaa waliigalaan qaqqabu ittisuuf, SDOT hayyama gara Low Bridge seensu daangessee jira. Low Bridge kana yeroo guyyaa fayyadamuun dhorkaa dha. Kunis konkolaattotni fe'umsaa, tiraanziitii fi balaa ariifachiisaaf furmaata kennan gara Lixa Siyaatilitti fi achirraa deebi'an haala mijataa ta'een imaluu isaanii mirkaneessuuf yaadameetu.

Odeeffannoon dabalataa ibsa guutuu konkolaattotaa of keessaa qabu waa'ee konkolaattota ulaagaa hayyama seensaa guutanii marsariitii low bridge web page irratti argama. Konkolaattotni balaa tasaa, Awtoobisiiwwan fi

Konkolaattotni Fe'umsaa hayyama lakk.gabatee isaanii SDOT'tiif dhiyeessuun isaan irraa hin eegamu.

### Gartuuwwan haarawaa hayyama dursaa seensa low bridge argatan:

- Jiraattota Lixa Siyaatil gara waldhaansa baraarsuu lubbuu deemanii fi achii deebi'an (Ragaan kana mirkaneessu Kennaa Tajaajila Fayyaa keessan irraa ni barbaachisa; unkichi marsariitii low bridge access web page irratti ni argama)
- Hojjettootni waldhaansaa waamichi wayita isaaniif taasifamu (kanneen dabaree hojii waamichi taasifameefii achi deemaa fi deebi'aa imalarra jiran)
- Riistoraantotaa fi Biiznasiiwwan Qinxaaboo LIxa Siyaatil hunda (Imala ariifachiisaa meeshaalee ykn dhiyeessiiwwan fuudhuuf taasifamu qofatti daangeffame)
- Konkolaattota Rideshare (vaanota, shuttles or official carpools hayyama gabatee kutaa biyyaan kenname qaban ta'anii; kun Uber/Lyft hin dabalatu)

**Gartuuwwan duraanii ulaagaa hayyama dursaa seensaa guutan:**

- Yuuniyanii Idil addunyaa Longshore fi Warehouse Biyya Keessaa miseensota 19 kan imalawwanii – Yuuniyanii SODO irraa gara terminaalota kallattii lixaa low bridge'tti wayita bahan

- Biiznasiiwwan Daandii Galaanaa fi Indastirii low bridge’tti dhiyaatu (Imala ariifachiisaa meeshaalee ykn dhiyeessiiwwan ykn namoota murteessoo geejjibaatti daangeffamee)
- Konkolaattota mootummaa (Imalawwan ariifachiisaa/ hin karoorfamnetti daangeffamee fi Magaalaa Siyaatil, Kaawuntii Kiingi, Kutaa Biyya Waashingitan, Seera Kabajchiiftuu Naannichaa fi Konkolaattota Mootummaa Biroo)

Dhuma ji’a April‘tti, SDOT hojjetoota waldhaansaa waamichi taasifameef, biiznasiiwwanii fi rideshare waliin hayyama seensa low bridge argachuuf unkawwan iyyataa online ni qooda. Unkawwan iyyata namoota gara waldhaansa baraarsuu lubbuutti imalanii har’a online ni argamu.

Namootni konkolaachisan gabatee hayyamaa isaanii galmeessisuu fi low bridge fayyadamuu isaatiin dura hayyama SDOT argachuu qaba. Konkolaattotni hayyamni hin qabne imala low bridge yeroo guyyaa taasisan tokkoof adabbii $75 ni kanfalu. Iyyatnis marsaan keessummeeffamu.

**Sa’aatiin guyyaa boqonnaa haarawaa Sambata duraa April 10 eegala**

SDOT namootni hunduu low bridge guyyaa boqonnaatti qofa fayyadamuu akka danda’an sa’aatii itti fayyadama low bridge hamma 8a.m’tti sa’aatii dabalataa sadiidhaaf (3’f) hayyamee jijjiiree jira.

Qajeelchi Geejjibaa Siyaatil (SDOT) yeroo ammaa kana gara riqichaatti kan durii caalaatti seenuu hayyamuuf odeeffannoo fi heddumina tiraafikaa

dhiyeenya kana jiru xiinxalee jira. Jijjiiramni kun guyyoota boqonnaa itti aananii jiran, Sambata duraa April 10 fi Dilbata April 11 hojiirra hin oolan.

Akkuma yaadachiisaatti, low bridge **guyyoota hojii barii 5 a.m hanga 9 p.m'tti, fi 8 a.m.to 9 p.m guyyoota boqonnaatti** konkolaattota hayyama hin qabneef cufaa dha.

- Konkolaataa dhuunfaa kanneen hin ta'iin (Makiinaawwan, Miniivaanota, Kaarpuulsi, kkf)
- Dhokdhokkeewwan fi Motor Iskuutersi kanneen hin ta'iin
- Taaksii fi konkolaattota appi ride-hail kanneen akka Uber and Lyft hin ta'iin

## Imaammata Seensa Low bridge

Galmi SDOT yeroo hunda seensa konkolaattota gargaarsa ariifachiisaa, fe'umsaa fi tiraanzitii low bridge irra imalan mirkaneessuu dha. Seera raawwchiiftuun awtoomeetid ta'e jalqaba 2021'tti kan jalqabe yommuu ta'u, SDOT hamma dhangala'iinsa tiraafikaa low bridge irra jiru kan sakatta'e yommuu ta'u, imaammata seensa gara low bridge gadi fageenyaan ilaallee jirra, galmaa fi karooraalee adda baafannee jirra, akkasumas akka haalotni jijjiiramaniin imaammata kanas ni sirreessina.

Fayyaan, Lubbuu fi Nageenyi waggaa darbe kana keessa dhimmoota ijoo yommuu ta'an, SDOT'nis imala waldhaansa dhukkubsattootatti wayyeessuu fi tajaajila kennitootni waldhaansa fayyaa baraarsuu lubbuuf dursa kennee hojjechaa jira. SDOT sochii konkolaattota deeggarsa ariifachiisaa fi

konkolaattota mootummaa haalota hatattamaaf deebii kennaniif dursa kennuu ittuma fufa.

COVID-19 fi cufiinsi Riqicha Lixa Siyaatil namootaa fi biiznasiiwwan Lixa Siyaatil hunda dhiibbaa keessa galcha. SDOT's sababoota adda addaa irraa kan ka'e riistoraantotaa fi biiznasiiwwan qinxaabootiif hayyama seensaa kennuu irratti xiyyeeffata. Sektarootni kunneen COVID-19'tiin wal qixa hin miidhamne. SDOT tattaaffii ol'aanaa sektaroota kanneen bira gahuuf taasiseen, cufiinsi riqichaa fi COVID-19 biiznasiiwwan, addatti dhiyeessii simachuuf fi geejjibuuf hayyamame dhiibbaa akka irraan gahe magaalattiinis dhaga'uutti jirti.

Imalawwan hedduun low bridge irraa (Konkolaattota deeggarsa ariifachiisaa, konkolaattota gurguddoo fi tiraanziitiin ala) kan karoorfamanii fi kaayyoo imalaa kan qaban (baay'ina imalaa ji'atti hayyamamu) kan qaban yommuu ta'u, tajaajila qabatamaa kana irratti hundaa'uun ni fooyya'u. SDOT hayyama seensaa kana yeroo kamuu dhorkuu ykn haquu ni danda'a. Kun dhimma yaaddessaa yoo ta'e SDOT dursee namootaaf ni beeksisa.

Terminaalli 5 Buufata Doonii Siyaatil deebi'ee banamuu isaatiin dura, SDOT gareewwan hedduutiif dhuma bara 2021'tti hayyama seensaa low bridge irra taasifamu ni hir'isa ykn haqa. Kanaanis, riqichi sun tiraafika fe'umsaa dabalaa deemu simachuuf humna ni qabaata. Riqichi high-rise ammoo walakkaa bara 2020'tti akka banamu tilmaamama.